# TOKKUMMAA HUMNOOTA BILISUMMAA OROMIYAA (THBO)

**DHAAMSA BARA HAARAYAA**

Ammajjii 1, 2011

Ilman Oromiya Maraaf:

Akka lakkoofsa warra Awroophaati, yeroon tun tani bara moofaa nagaya itti dhaammannee bara haaraya itti simannu. Kan baranaa kan bar-hegeree. Bara haaraya itti deemnu kana warra imaammata lafa kaayyate galmaan gayu nu haa godhu.

Imaammanni THBO kan bara 2011 “Tokkummaa Kaayoo Hujiin Mirkaneesuun qabsoo finiinsuu dha !”

Gootonni Oromoo qabsoo baroota dheeraaf godhaniin boqonnaa qabsoo bilisummaa isa tokkorraa isa itti aanutti nu tarkaanfachiisanii jiran. Nutiis bakka isaan irraan nu gayan irraa itti fufuun kaayoo ummata Oromiyaa tan abbaa biyyummaa gonfachiisuuf sochii teenya furgugaasuutu nurraa eeggama. Akka ummataatti, guyyaan kaayoo teenya galmaan geenyus fagoo miti. Qabsoo bilisummaa finiinsinee bakka tilmaammanne kanaan gayuuf ammoo, bu’aa-bahii keeysa dabarre alanfachaa ooluu osoo hin tahin, ummata keenya humna taasifannee, saglanii sabbataan galma keenya kan abbaa biyyummaa mirkaneeysuu irratti xiyyeeyfannee murannootaan hojjachuu qabna.

Ifa kana Oromoon, yoomiiyyuu caalaa gocha dabaa kan koloneeffataan Habashaa, kan gita shororkeeysituu Wayyaaneen durfamu irraan gahaa jiruun salphinaa fii gadadoo keeysa jira. Biyyiti isaa erga irraa saamamte “fokkinni akka amma mudataa jiruu kun taheetumaa hin beeku” yoo jennu, kan olkaafne fakkaatulle, dhugaadha. Ilmaan Oromiyaa tiif manni hidhaa dhaalmaya isaanii olaanaa tahaa jira. Ar’a ilmaan Oromoo heeraan ala ittiin adabuuf manneen hidhaa haarayaa fii heddomminaan bakkayyutti jaaramaa jiran. Manneen tajaajila ummataaf kennan kan akka manneen

barnootaa, manneen wal'aansaa, hundi yo walitti dabalaman, lakkooysaan walakkaa manneen hidhaa kana hin gayan. Manneen hidhaa kan Impaayerattii keessatti argaman keessaa dhibbantaan sagaltamaa ol (90%) Oromiyaa keessa jiru. Kan manneen hidhaa kana keeysatti hidhamee araraafamaa jiruus Oromoodha. Kanumaafuu mannii hidhaatuu Afaan Oromooti dubbata ja'ama. Oromiyaan mana hidhaa ummata Oromiyaatti jijjiiramuu isiitiif lakkoofsi kun ragaa baya.

Orommon biyya ifii keeysatti reebamuu, hidhamuu fii ajjeefamuun itti xiqqaatee, biyyoota ollaa kanneen itti dayatan keeysattillee humnaan funaanamanii dhidhimsamaa jiru. Kanaaf ragaan waan dhiheenya kana biyya Keeniyaa keeysatti Oromoorra gahaa jiru laaluun gahaadha. Biyyoota Jibuuti, Somaliland, Puntiland fii biyyoota Arabaa keeysattiis, kan laga keeysatti irbaata (suphaaxa) qurxummii tahellee dabalatee, Oromoon haaluma fokkataa kana daranii mudataa jira.

Humnota maqaa siyaasaatiin Gaafa Afrikaa keeysa sosso'an keeysaa, Wayyaneen humna shoorakeeysituu tahuun osuma beekkamuu gargaarsa maallaqaa, kan leenjii humna waraanaa, kan meeshaa waraanaa, kan geejibaa waraanaa, kan qaruutee fii kan bulchiinsa kani biyyoonni dihaa itti arjoomanitti dhimma baatee, Oromoo, Soomalee, Anywaaakii fii ummatoota biraa hundarratti yakka duguuginsa shanyii geggeeysaa jirti. Yakka kanaafiis yeroon itti gaafatamtu akka dhufu mamiin hin jiru.

Oromoon humnaa fii doorsisaan lafa isaatirraa buqqifamee, lafti isaa dureeyyii alagaatiif gurguramaati jirti. Lafa jiituu hojjatee irraa oomishatu dhabaaf osoo ummanni keenya midhaan dhandhamu dhabee beelaan waxalamaa jiru, qamadii fii ruuzni lafa saamamterraa alagaadhaan oomishamu biyyoota akka Sa'udi Arabiyaa fa'atti fe'amaa jira.

Maqaa "misoomaatiin" Oromoo naannawa Finfinnee qubatu qe'ee akaakuu-abaabuu isaaniirraa dhaalaan dabraa dhufe, doorsisaa fii maallaqa xiqqaa gatii lafa isaatiin wal hin madaalle itti kennanii

lafarraa buqqisuudhaan akka hoongawan godhuun hojii farra-namoomaa tan Mallas fii kittillayyooni isaa itti jiran tahuudha mirkaneeysa. Guddina warshaalee jechuudhaan, lafa ummata keenyarraa saamanii, saamsisanii “Investeroota” (saamtoota) Wayyaanee tiifii kanneen biyyoota alaatiin badhaasaa jiran. “Investeroonni” (saamtonni) kuniis danta dhabeenyaan kemikaala summii kanneen biyyoota seeraan bulan keeysatti dhoorkaa taheen, lafa, qilleensa fii bishaan biyya teenyaa faalaa jiran. Gochi Wayyaneefii bololtoonni dureeyyii addunyaa kuni haala naannawaa tiifii jiruu Oromoo kan fuuladuraa akka hin kabsannetti barbadeeysaa jira. Gochi kuni yakka mirga jireenya namoomaati.

Albudaaleen biyya teenyaa qusaataan malee guuramanii, horiin irraa arkamu hunquuftuu kiisha Wayyaneetti galuun itti xiqqaatee, summiin nama ajjeeftu tan akka saayanaayd fii tan daa’imman dhamaayyeesitu tan akka lahaamaa (lead) chemikaaloota blolotoonni albuudaan qulqulleeysan yoo tahu, hambaa fii xuriin kemikaaloota kanaa tooyannaa gahaadhaan malee, danta-dhabeenyaan laggeen Oromiyaa dhatti dhangalaafamaa jira. Laggeen kuniis deemee, bishaan lafa jalaatti xuruuruudhaan, hegeree ummata keenyaa akka barbadeeysu mamiin hin jiru. Wayyaaneen, biyya misoomsina yoo jettu, nama bara diiydamman (20) dabre isii hin beekne biratti dhugaa fakkaachuun ni mala. Bara 20mman dabre keeysatti wanni maqaa misoomaatiin Wayyaaneen ummatarratti hojjatte hundi saaminsa; Saaminsa qarrinfoo qarate.

Kubbaniyyootni geejjibaa, kan bunaa, kan jimaa, kan telefoonaa, kan humna elektrikaa, kan gaaza bobayaa, kan tourism, kan bashannanaa (hotels & resorts) kan impaayerattii keessatti argaman hundi, Jaarmaya maqaan “EFFORT” kan Tigraay qofa hadhaadhiyyuuf jaarameen dhunfatamanii jiran. Guddina jaarmayni EFFORT dhuunfate kana guddina biyyaati nuun jechuu barbaadan. Guddinaa fii “misooma” wayyaaneen dhaadheyfamu kana keeysatti qoodni Oromoon qabu duwwaa (zero) tahuurraa kan ka’e, akkuma dur daran, meeshaalee dudullattii akka maarashaa, hakaafaa, Zanyaa fii gesoodhaan lafa qotee jiruu hiyyummaa jiraachuudha.

Gara taaytaa mootummaatiin, waraanni, manni heeraa, tuutni basaasaa, immigration, bulchitoota naannoolee, bulchitoota magaalaalee, bulchitoonni maallaqaa, baankiileen, waajiraaleen barnootaa tii fii waajiraaleen mootummaa hundi, poolisii fii manneen hidhaallee dabalatee, tajaajiltuu Wayyanoota qofaati. Jaarmayoonni sabqunnamtii, kan akka raadiyoo, gaazexaa, television fii, lafti namni keeysatti walgayu hundi dhunfatti Wayyanootaan toohatamti.

Humniti Shoorarkeeystituun Malas Zenawiitin hoogganamtu, nagaya-uumtuu if fakkeeysitee, humnoota addunyaa sobdee, jireenya isii waarsuun osootuma nama dinqisiisuu, haala naannawa lafaa kan boorawe qulqulloomaan eeguufiis kijiba maqaa mootummoota Afrikaatiin abukaattummaan dhaabbadha je'ee Mallas afaan qaratee gulufaa jira. Biyya ifiif bulchu keeysatti namni haala naannawaa kemikaalaan akka barbaadawu taasise isa tahee osoo jiruu inumaa akka waan biyyoota Afrikaallee bakka bu'eetti dhawwaaqa.  Maqaa kanaanis horii funaanee waraana isa jabeeyfatee, ummata shororkeeysuudhaan aangoo mootummaarra turuuf dhidhiitata.

Ilmaan Oromoo, wanni beekuu qaban alagaan biyya keenya humnaan nu saamee qawweedhaan bulchaa jiru toltuu nuuf yaada jennee abdachuun gowwummaadha.  Kanaafuu, ilmaan Oromiyaa, kanneen sirna kolonii habashaa kan humna shororkeeysituu gita Tigreetiin hogganamu kana waliin hojjannee bu'aa mataas tahe kan sabaa irraa buufna jettan, mee dhaabbadhaa if booda achi laalaa. Wandaqa Wayyaanee tahanii gulufuu keeysa faaydaan hin jiru.  Kana birallee taree, ummata keenyarratti miidhaa hamtuu fida.  Kanaas hubattanii ummata keeysan saamsisuu fi miidhuu irraa if qusattanii, mooraa qabsoo bilisummaa kan Tokkummaa Humnoota Bilsummaa Oromiyaa (ULFO) itti ida'amtanii, qabsoodhaan bineensa koloneeyfataa kana akka waliin ifirraa buqqisnee, biyya walaba, Oromiyaa dimokraatoytuu waliin jaarrannu waamicha jaallummaa isiniif goona.

Oromoonni biyya ambaa jirtan, aanaa-aantiin, biyyiti teenysan, humna alagaatiin naasuu takkaan malee akka hamaa miidhamaati jirti. Nagaya biyya ambaa kan yeroo amanfattanii badii Wayyaanee

kan biyya akaakuu-abaabuu keeysaniirratti deemaa jiru dagatuu keeysaniif gaafa boruu seenaadhaa fi Rabbi birattillee itti gaafatamuutu isin eeggata. Biyya ambaatti nagaya ambiti isiniif kennite kan keeysan seetanii irratti if hin irraanfatinaa. Bakkuma jirtanirraa qabsoo bilisummaa Oromiyaatiif qooda keeysan kan gara humna nama, kan qabeenyaa fii dandeeytii hunda yoomirraahuu caalaa akka gumaachitan isin yaadachiifna.

Jaarmyoota qabsoo bilisummaa Oromiyaa laalchisee, qabsoo baroota dheeraa deemsifameeni Oromoon bakka amma jiru kana gahe. Adeemsa qabsoo keeysatti Oromoon Milkii gurguddoo hedduu gonfate.  Jaaramanii akkasumattillee tarkaanfiilee mata-mataan fudhatanii, wareegama gootoonni qaqqaaliin baasaniini injifannooleen har'a ittiin dhaadannu hundi argamte.  Warra qabsaawaa ture, kan ammallee itti jiru fii warra qabsaawee wareegame hunda seenaan kabajaa guddaan isaan yaadatti. Warra ammalle diinaan mormee qabsaawaa jiruuf ammoo, galatni isaanii bilisummaa haa tahu. Warreen osoo qabsaawuu diinaan qabamee, hireen isaanii manneen hidhaa Wayyaanee keeysatti dhaanamuu taate ammoo, mudhii jabeeyfannee qabsoo finiisuuni isaan yaadanna.

Qabsoon bilisummaa Oromoo hin xumuramne. kana boodallee karaan dheeraa fii bu'aa bahii hedduu qaba.  Qabsoon as deemtulleen ka duraanii caalaa hadhooytuudha. Tahullee hadhaa tana habbuuqqachuu dendeenyee galmaan gayuu qabna. Kopha kophaa bobbaanee kaayoo teenya galmaan gayuuun hedduu ulfaataa ta'uu seenaan keessa as dabarre ragaa baya. Humna qabnu, qabeenya qabnuu fii dendeeytii qabnu mara walitti qindeeysinee, diina koloneeyfataa kana marraa tokko fii marraa maay'iitiif ifirraa buqqifnee, ilmaa-ilmoo teenyaafii, jiraattoota Gaafa Afrikaa, kan bara 100 oliif shoorarkaa keeysa jiraate hundaaf nagayaa fii sabata buusuu qabna. Haala kana anjeeysuuf karaan itti nu geeysu TOKKUMMAADHA.  Tokkumma jennu tanaaf fakkii gaarii tahuudhaan Tokkummaan Humnoota Bilisummaa Oromiyaa (THBO), akkuma duraanuu wa'ada seenetti, hujii tokkuummaan qabsaawuu itti fufaati jirra. THBOn ofiif if jabeeysaa, humnoota biraa kanneen bilisummaaf dhaabbatan, kanneen akka Adda Fincila Dimokraasii fii Bilisummaa Oromoo (RDOLF) fii

Murti Guutoo waliin qindoominaan kaayoo takkittii tarkaanfachiisaa jira. Jaarmayootaafii gurmuuleen biraatilleen yaada kanaaf ilaalchi gayaa kannanii qabsoo bilisummaa ummata keenyaa akka waliin qindeeysinu waamicha jaallummaa goonaaf.

Dhumarratti: THBOn adeemsa keeysatti wa'ada ganama duraa seene guutuuf carraaqaa jira. Carraaqqii tokkummaa fii qabsoo kanaa keeysatti, fedhii saba keenyaa xurree irra buufna jennee amanna. Karaa kanarratti carraaqqiin teenya dhaabota bilisummaaf dhaabbatan hunda aammachuu bira taree, ummata keenyallee karaa tokkicha Walabummaa Oromiyaa kan mil'achiisuu akka tahu wa'ada galla. Hojiin teenya tan bara haara 2011 tiis imaammata eeybifamaa kana if keeysaa qaba. Akkuma asiin olitti jennetti hojiin tuni taa jaarmayoota Oromoo kanneen bilisummatti amanan hundaati. Jaarmayoota bira dabree ammoo hojii ilmaan Oromoo hundaati. Sochii tana keeysatti dargaggeeyyii fii shamarran, manguddoofii haawwan, barataafii barsiisaan, qotataafii hojjataan hundi akka sadarkaa olaanutti irraa qooda fudhattan isin afeerra. Qabsoon tuni teeysani. Isin afeeruun isinuma yaadachiisuufi malee, THBOn kophatti abbaa itti taheetii miti. Yaamicha keenya kanaaf akka owwaattan isin yaadachiifna. Barri haarayni bara milkii fi injifannoo akka nuuf tahuu hawwaa, irree tokkaan diina keenyarrattii akka bobbaanu irra-deddeebinee isinitti dhaamanna.

**Tokkummaan Humna!**

**Oromiyaan Ni Bilisoomti!**

Aliyyi Umar Aaga, Sooreysa THBO